



Akkamiin akka Iskoolaarshippii kee akka itti guuttu

Marsaan iskoolaarshippii waggaa Gannaa karaa xumura mana barumsaa irratti hundaa’uudhaan ta’ee Kalaandarii Mana barumsa ummataa Siyaatil.

Sadarkaa 1:

Odeeffannoo Hirmaattotaafi warra hirkattoota ta’an hunda dabalatee maatiifi miseensota maatii hundaa

- Maqaa, guyyaa dhalootaa, saalaafi sabummaa maatii/miseensota maatii HUNDA tarreessi

Sadarkaa 2:

Mirkaneeffannoo Galii Maatii/Abbaa Warraa fi Warra Hirkattummaan Maluuf

- Galii walii galaa guutuun galii ji’a ji’aaf ykn waggaa waggaatiif saanduuqicha ilaali
- Ga’eessota **hundaatiif** (waggaa 18 fi isaa ol) **waan galii isaanii mirkaneessu** akkasumas **hirkattoota warra ta’aniif waan mirkaneessu itti maxxansi.**
 - Deebii taaksii galii 1040 kan miseensota abbaa warraafi hirkattoota ta’an mallattaa’e tokko (bara kana) karaa galii ittiin mirkaneeffatan filatamaafi iyyannoo kee adeemsisuun carraa harkifachuu danda’u xiqqeessa
 - Yoo warri sirratti hirkatan 1040 keessatti hin tarreeffamne ta’e, sartifikeeta dhalootaa isaanii itti maxxansi

HUBACHIISA: *Yoo galiin waggaa abbaa warra/maatii kee \$13,500 ykn isaa ol ta’e Deebii Taaksii Galii waggaa 1040 faayila gochuu qabda.*

Dokumantiiwwan akka filannootti mirkaneeffannoo galiif warra hirkatoo ta’aniif ilaalamuu danda’u, kun ammoo yoo Deeiin Taaksii **Galii** Federaalaa 1040 HIN guutamneef

- **Sagantaa Taajaajilawwan Hir’isuu Magaalaa Siyaatiliif kan darbuu malu**—ibsa fayyadamuu tajaajilawwanii koppii tokko itti maxxansuun iskoolaarshippiin 50% ni iyyatama. **HUBACHIISA:** Warra hirkattoota ta’en tarreeffaman hundaaf sartifikeetiin dhalootaa iayyannaa waliin galuu qaba.
- **Ragoomsuun Faayidaawwanii Wabii Hawaasummaa** ni fudhatama. (SSI ykn SSA-1099), YOO Wabiin Hawaasummaa galii ati argattu qofaa ta’e. Yoo galiin biraa hubataman: soorama, galii durgoo, galii daldalaafi kkf, deebiin taaksii galii gibiraa 1040 waliin galuu qaba.
- **Mirkaneeffannoo Barataa Yeroo Guutuu.** Sagantaa Daree, Hojii waraqaa Gargaarsa Maallaqqaafi dokumantiin galii biraa kamiifiyyu sadarkaa galii ga’eessa iyyannaa keessatti tarreeffamee agarsiisuudhaaf itti maxxanfamuu qaba.
- Abbaa warraa/miseensa maatii tarreeffaman waggaa 18fi isaa al ta’an hundaaf **taaksii dura haftee cheekii kaffaltaa ji’a tokkoo (1).** **HUBACHIISA:** Sartifikeetiin dhalootaa warra hirkatoo ta’anii tarreeffaman hundaaf iyyata kana waliin walitti maxxanfamuu qaba.
- **Sagantaawwan Deggersa Hawaasaa:**
 - **Maatiiwwan Gargaarsi Barbaachisuuf Gargaarsa Yeroodhaafii (TANF)** dokumentiiwwan abbaa warraa/miseensota maatii hunda tarreessan itti maxxansi ykn warra hirkatoo ta’an hunda tarreeffamaniif sartifikeeta dhalootaa itti maxxansiif
 - **Galii Wabii Hawaasummaa Warra Hir’ina Qaamaa Qabaniif (SSI)**
 - **Bulchiinsa Misooma warra Hir’ina Qaamaa qabaniif (DDA)**

Sadarkaa 3:

Odeeffannoo Iyyataa

- Karaa ittiin Qunnamuun Danda’amu Ijoo guuti – Odeeffannoo Ga’eessotaa Dursaa Maatii

Sadarkaa 3A:

Kunuunsa Mana Barumsaa ykn Kunuunsa Daa’imaa Umurii Mana Barumsaa Hayyamamee ni gaafattaa?

- Fuula 2 ffaa iyyannoo iskoolaarshipp guuti (fuula gala galeen)
HUBACHIISA: *Iyyannoon kallattii kanaa Hojii ykn Mooraa Gabbisuuf MITI*
MAALOO sagantaawwan daa’imni (mman) kee hirmaachuuf karoofadhu. Fuula gala galerra hirmaannaaf wanta barbaachisaniifi imaammatawwan iskoolaarshippii ibsaman ni jira.

Sadarkaa 4:

Iyyannoo guutamee mirkaneeffannoo galii waliin walqabsiifameefi ragaa warra hirkattoota ta’an hojjetaa dhaabbata Paarkiifi bashannanaa Siyaatil kamittiyyu galehii taasisi. Scholarship.parks@seattle.gov

- Iyyannoon guutamee hin xumuramiin adeemsa iyyannoo kee si tursiisuu mala.

Iskoolaarshippii mana barumsaa duraafi kunuunsa daa'ima umurii mana barumsaa imaammatawwan, ga'eewwaniifi itti-gaafatamawwan akkasumas gahee ba'achuu

Paarkiiwwaniifi Bashannanni Magaalaa Siyaatil (SPR) Mana Maree Bashannanaa Walta'aniitiin (ARC) waliin ta'uudhaan warreen qajeelfamoota galii paarkiiwwaniifi bashannanaa Siyaatil guutan maatiidhaaf deggersa iskoolaarshippii gaggeessa.

- Badhaasni iskoolaarshippii kan kennamu abbaa dura dhufeen, kan dura dhufe yaa argatu yoo fandiin jiru.
- Carraan iskoolaarshippii battalumaan sagantaa barbaadde irratti si HIN FUDHATU, ykn dursa siif hin kennu. Tokkoo tokkoo sagantaadhaaf wiirtuu hawaasaatti kallattiin galmaa'uun sirra jira akkasumallee qajeelfama galmee isaanii hordofuu qabda. Register at [https://apm.activecommunities.com/seattle/ActiveNet Login](https://apm.activecommunities.com/seattle/ActiveNet_Login) or call (206) 684-5177
- Galmaa'uun WABII HIN TA'U waan ta'eef bakka jiru irratti hundaa'a.
- Kaffaltaa galmee kan hin deebine kaffaluun sirraa kan eegamu yoo ta'u madaalliin baasiiwwan sagantichaa galmee daa'ima (mman) keetiif bakka qabuuf barbaachisuus kaffaluutu sirra jiraata.
- **Fandii iskoolaarshippii kee akka turu** taasisuudhaaf daa'imni (mman) kee **sagantaa guyyootaa keessaa yoo xiqqaate 60% hirmaachuuti barbaachisa.** Yoo sababii ta'eef daa'imni (mman) kee yoo xiqqaate hirmaannaa 60% barbaachisu guutuu hin danda'amne ta'e, wiirtuu hawaasaa kee beeksisi maaloo.
 - Yoo daa'imni kee hirmaannaaxiqqaa barbaachisuun gaditti kan dhaabu ta'e bakka yeroo yaalii keessa galu. Hirmaannaan gadi aanaa lamaffaa uumamu iyyannaan iskoolaarshippii kee akka haqamullee taasisuu danda'a.
- Yoo sababii ta'eef iyyannoo iskoolaarshipp (carraa barnootaa) kee hunda ykn hanga tokko guyyaa sagantaan jalqabamuun yoo xiqqaate torban lama dursuun **Beeksisa Kaa'uu** guutuun itti gaafatamummaa keeti. Ramaddii iskoolaarshippii fayyadamaa akka jirtu ilaalchisee beeksisa dhiyeessuu dhiisuun gara sadarkaa yeroo yaalii of eegannootti ykn gara ramaddii iskoolaarshippii haquutti geessuu danda'a. Unkichi akka keessa deebitee ilaaltuufi itti fayyadamtuuf itti siif maxxanfameera, yoo kan barbaachisu ta'eef. Unki **Beeksisa Kaa'uu** dabalataa bakka Paarkiiwwaniifi Bashannanaa Siyaatil kee keessatti argamuu danda'a.
- Yoo yeroo kamittiyyu waa'ee galii maatii kee ykn hanga isaa jijjiiramni jiraatu carraan iskoolaarshippii siif kennamuu atattamaan jijjiiramuu danda'a. Jijjiirama kamiyyu jiraannaan waajira iskoolaarshippiitti ragaa dhiyeessuun sirra jiraata.